

JIJJIIRRAA HOJII
Fi
Asoogawwan Biroo
.....Iyya iyyame sana nama guddaa kaasee hanga ana isa namni osoo hin argiin narra ejjetuutti hundumtuu birmachuudhaaf fiigaa jira; anis osuman sussukuun, jaarsa umuriidhaan xiqqoo aachi fagaatan kan bullukkoo guddaa fixeen isaa lafa gahu uffatan tokko, argadheen isaan qaqqabee, fiixa bullukkoo isaanii qabadhee gamanaaf gamasitti daddarbatamaa faana fiigicha eegale!
..... Kitaabicha keessaa
Namoonni durii barreeffama waraqaa irra jiru mitii, isa lukkuun lafa dhoqqee qeensa isheetiin haate akka barreeffamaa uumtu sanallee, dubbisuu hawwu. Dhaloonnii ammaa garuu, inni dhiiraa miidhagina dubaraa ilaaluu malee kitaaba barreeffame ilaalee, dubbisuu hin beeku. Waanti kanaaf furmaata ta'a jedhee yaadu ammo barreessaan kitaaba fuula shamarranii irratti yoo nuuf barreessan fala nuuf ta'a jedheen yaada; Warri shamarraniis daawwitii jijjiiranii bitanii fuula of ilaalaa oolu malee, kitaaba jijjiiranii bitanii dubbisaa hin jirani. Kanaaf dhaloonni kun dammaqee kitaaba dubbisuu qabaan dhaamsa kooti.
Danuu Daamxoo
Yuunivarsiitii Wallaggaatti barataa Tiyaatiraa
Jiruuf jireenya hawaasa tokkoo keessa jiru bifa qoosaatiin ibsuun taateefii mudannoo guyyaa guyyaatti hawaasa sana keessatti dalagamu gara bifa aartiitti siqsuun, seenessaa barreessun dubbistoota barsiisuuf bashannansiisuun ni danda'ama; Bilisummaanis kana irratti hundaa'uun bifa barsiisuuf bashannansiisuun kitaaba xiqqoo kana barreessee, galaa godhee Aartii keenyaaf gumaacheera; ani dubbisee irraa baradhee ittiin bohaareeras isinis dubbisuun irraa baradhaatii ittiin bohaaraan dhaamsa kooti!
Guutamaa Qannaa
Barreessaa
Cover Design Dachasa 0912677529
Bilisummaa Shibbiruu

JIJJIIRRAA HOJII

Fi

Asoogawwan Biroo

Bilisummaa Shibbiruu Galataa

(Qaqqabaa)

Finfinnee; Oromiyaa

2021

©Bilisummaa Shibbiruu Galataa

Mirgi barreessaa seeraan eegamaadha; yoo seerri bakka badee galeef!

Odeeffannoo dabalataadhaaf:-

Bilbila:0929428759/0920237293

Face Book: Bilisummaa shibbiruu

Email: abbaaaraarsaa@gmail.com

Telegram: https://t.me/barruuWalaabuu/33

Page :Waloo Bilisummaa Shibbiruu

Gulaaltonni:-

Danuu Daamxoo

Guutamaa Qannaa

Yaadannoo

Og-barruun Oromoo har'a hiddaaf dame baafachuuf warri kalaqaaf ifaajeedhaan yeroo keessan aarsaa gootanii, nutti dabarsitan kitaaba kana siidaa yaadannoon isiniif dhaaba!

Dhaamsa

Yeroo hedduu yookaan irra caalaa kitaabnii haaraan gaafa barra'u mana maxxansaa galee, kitaaba ta'ee bahee mana kitaabaa seenee aachii bitamee dubbifama. Akkasumallee faallaa kanaatiin immoo kitaabileen muraasni kan barra'anii karaa bifa 'PDF' tiin karaa telegraamii dubbifamanis hedduudha.

Haa ta'uyyuu malee dubbistoota muraasa birattii haala dhiyaachuu kitaabilee kanneenii irratti hundaa'uudhaan, ilaalcha garaa garaa kitaaba mana maxxansaa galanii bahaniif kitaaba karaa telegraamii tola dubbifamuu, irratti dhiyaatu kaasuus ni dandeenya. Kunis immoo kitaaba mana maxxansaa galee bahee gabaa irraa bitamu akka kitaaba gaariif sirriiti ilaalaanii kitaabilee bifa PDF tiin Teelegiraamii irraa dubbifamuuf ilaalchaaf fudhatama gadi aanaa yeroo kennaniif ni agarra.

Haa ta'uyyuu malee lachuu kitaabadha akkuma oromoon gaafa maammaaku "Jaalatanii mana ofiitti hin machaa'ani" jedhee mammaaku namni kitaaba itti dadhabee barreesse akka kanatti tolaan raabsu jaalatee miti kunis rakkoo baajataa akka ta'e bareechinee waliif haa hubannu!

Dubbisa Gaarii!

Galata

Hunda dursa waaqa uumaa uumamaa gurracha garaa garbaa tokkicha qixxee dhibbaa leemmoo rooba taliilaa galanni kankeeti!

Itti aansuudhaan Maatiwwankoo Haadhakoo Aaddee Bariitee Mashashaa fi Abbaakoo Obboo Shibbiruu Galataa fi Obboleessakoo Obboo Shifarraa Shibbiruu galata guddaan isiniif qaba. Abbaakoo Har'a jiraattee akkan fuulakee dura dhaabadhee si galateeffadhuuf hireen eeyyamuu baattuyyuu jaannatakee daadhiin haa guutu!

Yeroo rakkinaaf dhiphina kamuu, hadhaa jireenyaa kan waliin agarre Yashii Takileef Daraartuu Baqqalaa guddaan isin galateeffadha!

Namoonnii gama kamiiniyyuu hojii Og-barruu keessatti na gargaartan hundi keessaan guddaa galatoomaa galanni keessaan waan ofitti abbaa ta'uu isiniif haa taatu!

Gargaarsikee gama og-barruutiin akkan fuulduratti tarkaanfadhuuf gahee guddaa Naaf taphatee jira; Jambar Abbaa mana kitaabaa Gullallee Hedduu Galatoomi nama oolmaakee Baasu na haa taasisu!

Gama gulaaluutiin Yeroo keessan aarsaa gootanii kanneen na gargaartan barataa Danuu Daamxoo fi Barreessaa Guutamaa Qannaa Galata guddaan isiniif qaba!

Qola kitaaba kanaa akka kanatti bocuudhaan Kan Na gargaarte Dachaasaa Guddataa Guddaa galatoomi ogummaa kanatti hafi qaxaleekoo!

Qabiyyee Fuula

Yaadannoo I

Dhaamsa I

Galata II

Seensa IV

1. Firri gara firaa! 1
2. Jaalalleekoof 5
3. Icciitii na baasifta! 13
4. Situ dhalata hin seene! 16
5. Daldaalaa kophee 20
6. Hiriira Daabboo 23
7. Atuu Buusi 25
8. Nutoo maal qabnaa? 28
9. Hojjettoota mataa moluu 30
10. Dura anatu irra tureem! 34
11. Jijjiirraa hojii 38
12. Maal sin gudeedee? 42
13. Gaanfa Afriikaa 44
14. Gabaa face booki 46
15. Akkam bultee shaakkannee? 49
16. Gatii jireenyaa 53
17. Fullee Seetee? 55
18. Qubeef Yuunvarsiitii 57

Seensa

Aartiin lafee dugdaa saba tokkooti yeroo jedhamu waan haqaatidha; keessumaa og-barruun isa olaanaadha. Og-barruun seenaaf seexaa, duudhaaf, aadaa akkasumallee halaa jiruuf jireenyaa saba tokkoo bifa barreeffamaan dhalootaa dhalootatti daddabarsa!

Og-barruu waan hedduu of kessaa qaba. Barruulee garaa garaaf kitaabolee garaa garaa fudhachuu dandeenya isaanis:- Asoosama, walaloo, Hololoo, seenaa, barnoota, qoosaa, Asooga siyaasaa dinagdeefi kkf akka fakkeenyaatti kaasuu dandeenya. Isaan kana keessaa barruun kun Asooga seenaa hin taane akka waan ta'eetti kalaqee bifa qoosaatiin qabatee dhufedha!

Qoosaan immoo sammuu bohaarsa aariillee nama dagachiisa kanaaf kaayyoon barra'uu kitaaba xiqqoo kanaa isa kanaaf akka ta'ee wal hubachuun nu hin dhibu. Warri adiin " kolfi irbaata sammuuti" jedhu. Akkasumallee kitaabni xiin-sammuu 'Nadhii Dammaa' jedhummoo kan Hinseenee Makuraatiin hiikame "kolfi keessakee gaddaaf dhiphinaan madaa'e waldhaanee fayyisa akkasumallee kolfi nama mataa isaa irratti amantii hin qabneef dawwaadha' jedheetu ibsa!

Hundaafuu kolfuun miiraa ofii akka bohaarsuuti kanaaf barruu kana dubbistanii akka itti bohaartan abdiin qaba. Yaadaa jajjabinaa qeeqaaf waan biro immoo karaa teessoo kiyya armaan olii, yoo naaf eertan yaadaaf qeeqa fudhadhee fuulduraaf jabaachuudhaaf anis qophiidha!

1. Firri gara firaa!

Kamisoon akkuma nama kamiitti, ollaa keenya mana kireeffatee jiraata. Yeroo hundumaa waan haadha manaa hin qabneef bidden alaa bitee, ittoo immoo manatti hojjetatee nyaata. Dalagaan isaas hagas mara waan nama kunuunsu miti. Jireenyaa harkaa gara afaaniiti. Bakkaa bakkatti gaafa imalullee konkolaachistoota baasii malee kan taaksii faana nama jibba jaarraa hedduu qabu fakkaata jechuun taaksiin hin deemu gaafa biyya galu malee!

Amalli kamisoo addumatti nama boonsa. Waan isa rakkise tokko ofumaaf ofiin mari'ata malee, namatti hin himatu. qaboo yaa'ii qabatee miseensaafi koree dhimma balaa tasaafi dhimma dhimmisuu rakkoo dhuunfaa waamee walga'ii ariifachiisaa bara hojii 77ffaa walga'ii idilee 5ffaa yaa'ii caffee 99ffaa waammatee namatti hin himatu. Yoo utalloon isa qabeyyuu axxiffachuu isaa akka namni hin agarreef dursee manatti ol gala. Akka namni hin dhageenyeef ammoo yeroo haxxiiffachuuf jedhu saanqaa balbala rukutee iyyisiisee dafee sagalee saanqaa fakkeeffatee keessa haxxifata malee, gadi bahee nama fuulduratti utaalloon qabamuu isaa of hin saaxilu. "dhagaa Tokkoon simbira lama" jechuun akkasi kunoo!

Booda keessa namoonni dur ollaa isaa mana inni kireeffatee taa'u cina turan jijjiirratanii, mooraa sanaa baanan ijoolleen qoosaaf dhalatan tokko iyyaafatanii mana kamisoo cinaa kireeffatanii galani. Aakuma mooraa sana galaniin Kamisoo faana wal baranii ollummaa uumanii jireenya waliin egalani.

Ijoolleen olla Kamisoo kun guyyaa guutuu afaan isaanii "gab" hin jedhu. Isa baddaaf gammoojjii walitti funaanuudhaan hasa'aa oolu.

Akkuma ta'an illee dhabanii, abidda malee boba'anii, akaawamuu malee xaaxa'u yeroo dubbachuu eegalanis ijoolleen kun dhagaa raadiyoo isa Durata jedhamu sana liqimsanii waan dubbii eegalan fakkaatu. Akka raadiyoo pilipsii xarar.., pirir..., jechaa oolu.

Dubbiin tokko isaan hin hafu. hundumaa walkeessa fuudhanii arraba isaanii boojjitoo godhatanii dubbii akka marqaatti bajaabajaa oolu. Yeroo isaan sagalee ol fuudhanii dubbachuu eegalan ammoo ijoolleen kun waan seeliin qaama isaanii Ambulaansii irra uumame fakkaata. Yooma Seeliin isaanii kan Ambulaansii irraa hin uumame ta'e iyyuu ijoolleen kun lamaan utuu harmooliin isaanii da'umsaaf gara hospitala deema jiranii, Ambulaansii keessatti dhalatanii laata jedheen shakka. Sababni akkas na jechisiiseef ammoo namni Ambulaansii keessatti dhalate tarii sagalee gadi qabatee dubbachuu hin danda'uu laata jedheen tilmaama yaada kootiin qorannoo an ijoollee kanarratti gaggeessedha.

Isa mitii, jecha isaan ol fuudhanii namatti fe'an, akka abidda cidii qabatee gubee nama bobeessa. Kan gamtaan jiraatu iyyuu jecha isaanii baachuun itti ulfaata. Kan akka Kamisoo immoo jecha akkasii baachuuf hin dhalanne, ittiin raata'ee qalbii buusa

Bariisoon buna danfisee ollaa waamuu waan jedhamu hin beeku. kan ollaas dhaqee hin dhugu yoo ollaan buna waameef teessoo hedduu keessa ijaan barbaadee teessuma keenyan manaa bukkee jirtu irra taa'a. yoo kanaan aachii teessoo keenyaan irraa siqee taa'u agarraan gara keenyan manatti harkisa. Sababni isaa Kamisoon keenyaan manaa irraa fagaatee, taa'uu hin jaalatu!

Isa kana egaa namuu rakkoo isaa hin beeku amalli keenyanitti siqanii taa'uu kuni kamisoo dhaqnumatti fayye. Keessummoonni haaraan

olla Kamisoo galan kun ilmaan sooressaa ta'uu hin oollee midhan bitanii daaksifatanii hojjettuu deddeebitee nyaata qopheessitu qacaratanii jiru. Ala kanaa bidden bitanii hin beekani yoo waan ittoo ta'u kan akka qullubbii, corqaa, zayitaaf kkf taate malee.

Yeroo hedduu buna dhuguu waan jaallataniif, akka namaa harma dubaraa mararfatee haxaa'uu, yabanaa haxa'aa oolu. Mooraa sanattis haaraa hin taanee akka waan qe'ee isaanii ta'ee keesa fiiguu eegalani. Guyyaa tokkoo gurbaa inni tokko osoo balbala duratti mi'a miiccee bishaan dhangalaasuu abbaan mooraa aaree "bakka kanatti bishan kamuu lolaasuun dhorkadha isa olii bu'u qofaaf eeyyamama" jennaan deebisee "dhiifama bishaan bokkaa isa eeddaamma roottotti robe sanan fayyadamaa jira" jedhee, mooraa kolfaan gaggabse.

Guyyaa tokko warri moorasana kireessan akka waamicha wayii qabuu ijollee mooraa isaanii kireeffatanii galan hundumaa buna waamanii nyaatas dhiyeessaniif isaan kana keessaa Kamisoonis jira. Akkuma amala isaa ol seenee teessoo gara keenyaanitti siqee jiru tokko ilaallatee gadi taa'e. nyaata dhiyaate nyaatanii erga xummuranii ijoolleen akka ampulaansii iyyaa oolan kun uummata oduudhaan bohaarsuu eegalani.

Hunduu kolfee taphata namuu mukaa'aa hin jiru; gidduutti haati mana sanaa sagalee cirattee gara Kamisoo ilaaltee "gurbaa ati maalumaaf yeroo hundaa hirkattee teessaa?" jettee gaafatte Kamisoon amala isaa akka ta'ee himuuf sesseequu yoo eegalu warra abbaa qoosaa keessaaa tokko gidduu galee dubbii saamaa "maal Haadha Taaddaluu firri gara firaa jechuu hin dhageenyee isin?" jedhe.

Dubbiin namaaf hin galle. garuu isa inni bidden alaa bitee nyaatu saanaaf jeessoof keenyaan manaa fira dhi'oo ta'uu kan hubate Abbaa Taaddaluu qofadha. Jaarsis dubbii keessa makachuuf jedhee "anumayyuu isa mucaan burruusa qabatee mana fincaanii deemutu gaaffii natti uume" jedhe. Bidden jeessoo kun ni jabattiim ……..Kamisoon bidden jeessoo bite nyata jechuu dhumaafi!

2. Jaalalleekoof

Baay'edhuman carroome

Gaafan bite bilbila

Fb banachuunkoo

Sin naaf turse nama jalaa

Gaafan *ADD* siif Ergee

Naaf deebiste ganama

Hirribarraa ol ka'een

Ol jedhee akka namaa

Nagaa hoo'aan siif erge

'Hii' jedheen siif barreesse

Imoodhaan wal quunnamne

Sagaleekoos dhageesse

Kankee manni dubayi

Kan kiyyammoo burayyuu

Lammii alaan jaaladhee

Anumtiyyuu silaayyuu

Guyyuudhaan wal sossobnee

Arrabaan wal sooshillee

Wadaafaa waliif galuuf

Barbaanne jecha hin jirre

Sura waliif erginaa

Selfii dhaabannee kaanee

Gabaabduu ta'uukeyyuu

Anoo tasumaa hin yaanne

Vidioo siif bilbillaan

Mormaa oliin mul'attee

Akkuma Bakar waaree

Gara miila dhokatte

Uggum ya miidhagakee

Rifeensakee isa bittaa?

Soba qunnaan safartee

Karaa iimoo naaf hirta

Meekaappiifaa dibattee

Eegee fardaa filattee

‘Anumadha’ naan jetta

Waaqaaf lafaan kakattee

Ani dhuguma se’een

Jaalalakeen qabame

Osuman nyaadhee dhuguun

Huuba ta’ee dhabame

Suurakee Imoo koorraa

Kankoommoo Telegraamii

Kaawwannee olum baafnee

Dabaree dabareeni

Turee bulee,……..

Atis eerga xummurtee

Jiruu biyya arabaa

Nan dhufa natti dhamte

Ergaa akka qarabaa

Anis waa barbaaddadheen

Bitadhe huccuu bareedaa

Dibatas diddibadhee

Hin haadne malee areeda

Habaaboo bareedaa isa

Bitee harkaan habootee

Boolee dhaapheen si eege

Dhuftee raajii na goote

An si baruun dadhabe

Ati edaa bifaan lama

Barbaadee si dhabeetaan

Gad taa'ee ijaan mama

Ati na qalbifattee

Fuullikoo sanumadha

Harka ol natti qabde

Wayyoo kuni sumadhaa?

Ani naasuu gaggabeen

Dhaaphee kophaa odeesse

Si baruudhuma koofu

Aariitu na bobeesse!

Gaafan sitti adeemu

Fiigdee natti marmite

Kan duur suraa ergitu

Eessa dhaqee harmike?

Rifeensikee dheerichi

Mudhiidhaan faa hidhattu

Inni ati gaaf dubbattu

Daboo baaftee filattu

Halluuf wiigiidha edaa

Tasumaa hin mul'atu

Hammuma hareedakoo

Gaaf tokko hin guddatu!

Takkuu lama hin caalu

Hojjaankees lafa bira

Deebiseen of gaafadhe

Moo abjuu keessan jiraa?

Bakka dhaabannetti

Ijaan osoon si laaluu

Waggaa soddoma calta

Barakee yoon tilmaamu

Akka ati na gowwomsite

Egaa hamma bareera

Akkamiin si dhiisuree?

Maatinis dhaga'eera

Naasuut afaan na qabe

Nagaayyuu Sin gaafanne

Hin teessaaf hin dhaabattaas

Anoo adda hin baafanne

Akkasiinan gowwoome

Kameeraadhaan sobamee

Hogganaan malee deemeen

Mirga fuudhuu sarbame

Guyyaa wal barre yaadeen

Imimmaan na hudhee

Hiriyaa haadha kiyyaan

Face Bookin baree fuudhe!

3. Icciitii na baasifta!

Asuma olla keenya kana intala joortuu tokkoof, gurbaa waaqni abaare tokkotu jira. Garuu ani akka waaqni abaaree hin dhageenye. Isuma namoonni olla keenyaa "ilaa gurbaa kana waaqatu abare" jedhanii quba itti qabaniin dhagahe malee. Tole inni haa ta'uu, gaafa gara gurbichaatti isin deebisummoo, gurbaan kun arrabaan nama xuquutti adda dureedha. Xiqqoo ijoollummaa qabaaf malee, Mugaabee namatti fakkaata. Garuu, Mugaabee fakkaatus yeroo inni akka mugaabeetti ibsa ijjennoo waa'ee biyyaa irratti kennu argee hin beeku. yeroo inni ibsa ejjennoo shamarran naannoo keenyaa irratti kennu malee… Jechi afaan isaa bahu arrabsoon inni namarra kaa'u dhugaadha nama dhiigsa

Turungoon intala hojii hin qabnedha; garuu nyaattee jiraatti kiraa manaas ni kanfalatti. huccuus babbareeda uffatti na amanaa dhugaa isiniifan kakakadh Gommaa xiyyaaraaf na haa godhu dhaabbanni ishee gargaarus hin jiru. Bilbillii daqiiqaa 10 keessaatti namoota 20 oltu isheef bilbila gaafan yaadu gatii isheef bilbilamaa ooluuf waan tola ooltummaa isheetiin teeleen dhaabbaticha hirtaa gadhiisteef natti fakkaata. garuummoo bar gaaf tokko osoo kaardii guuttattuun arge dunkaana sulxan fuulduratti.

Amala Turungoo keessaa innii hunduma irraa adda ishee godhu soorummaa dhiiraatiin beekamtuudha. jalqabumayyuu isheetu dhiira omishe fakkaata. Hundumaaf bilbilti Aluulaa isa moora tokkoo faana galan irraan kan hafe. Aluulaan garuu, amala ishee waan beekuuf osoo isheen irbata kofa gidduu kana tola raabsituu alumaa barbaaddata.

….irbaata namni baay'een ittiin oolee bulu kana jibbuu isaati. Hiriyaan Aluulaa guyyaa tokkoo Turungoo argee Aluulaatti himannaan gaafa guyyaa lammaffaa manatti geesseefii laaqana isaa nyaatee jara walitti gadhiisee gara manaatti sokke. Isa akkaanaa kana nuti durattii horii ariisaatti geessuutti beekna!

Guyyaa tokkoo mana bunaa mooraa isaanii fuuldura jiru tokko jala taa'anii osoo wal qeeqanii Turungoon jecha daddarbattee, Aluulaa arrabsuu eegalte. Aluulaan callisee ilaallaan Intallii haasaa dhaabuu didde. Gidduu kanaan Aluulaan akkaa qoosaa fakkeessee, Waa dubbachuu eegale. lamaan isaanii, Dabareedhumaan wal falmuu eegalani.

"Lakkii na dhiisi ani baalageedhaa icciitii keen bakkee baasaa"

"Icciitii maalii?"

"Na dhiisi lakkii"

"Muu faaraa wayii maal baasta?"

"Baga atumtuu ogeettii taatee na dhiisi"

"Hin aartee? Dhugaadha hin argattu" jette turungoon waan ishee gaafatee didde fakkeeffachuudhaaf!

Aluulaan itti fufee dubbachuu eegale warri buna dhugu hunduu callisee isaan lamaan dhaggeeffachaa jira.

"Lakkii na dhiisi ani icciitiin gadi baasaa"

"Muu! Callistee hin xibaariinmee"

“Lakkii isan akka goromsa ariisaa geessanii mana dhiiraa si geessen himaa na dhiisi”

“Boooo abbaakoo”

“Lakkii isa ati baajaajii keessaatti ebelu faana akkas goote sanan si hima”

“Muu sitti hin murtaa’u”

“Maaloo na dhiisi ani yoon aare icciitiin baasaa; isa ati torbanitti dhiira garaa garaa torba faana bultun himaa”

“Hin dhabdekaa atimmoo”

Aluulaan hammas akeekkachiisaa jira icciitii baasuudhaaf turungoo doorsisaa jira. Ittuma fufee wacuu eegale safuu kam himaa jiraa?Kam dhoksaa jiraa?

“Maaloo na dhiisi isa ebelusheen kan nama lamaa baattaa? Siin jedhe sanan himaa”

“Ani faaraa akkake faana hin haasa’u”

“Lakkii na dhiisi ani isa ati Gulummaa isa baajaajii qabuun maaloo koottu wajjin bullaa jettuun sanan gadi baasaa”

Ajab namni gurra qabachaa jira. Aluulaan icciitii ishee gadi baasuuf doorsisa!

Maal hambiseree?fixuuf jennaan bilbilli turungoommo iyya qaanqursinaan kaatee gurra jala qabattee qajelte teeleen Haraara uumte silaa icciitiitu gadi bahaa!

4. Situ dhalata hin seene!

Mana keenya kara dugda duubaan kireeffattee kan galtu Namoomseen intala dubaraa tokko qabdi. Ani akkuman dhaladheen mucattii argaadhuman guddadhe. Lamaan isaanii waan hiriyaa fakkaataniif, Yeroo tokko garuu eenyu akka angafa ta'eef eenyu akka qixisuu ta'e harmeekoo gaafannaan torbee tokko maatiin keenya natti kolfani!

Ani maalan balleesseree? isaan lamaanuu akka hiriyaatti wal arrabsu, akka hiriyaatti wajjin deemu kanattuu hiriyaa natti fakkaannaanin abbaa angafu gaafadhe.

Namoomsee fi Beekkanneen haadhaaf ilmoo ta'uu isaanii ana isa homaa adda baasee hin beekne isa konkolaataa xiqqaaf guddaa "haadhaaf ilmoo" jedhu isa bakka tulluuf samiin waan wal tuqu natti fakkaatu isa saaraaf chandiraan afaan amaaraa beeku jedhee falmu mitii, namoota gurguddoo naannoo keenya galaniif iyyuu waantichi icciitiidha!

"Namni waan fedhe haa jedhuu ana garaan aachi haa jedhu" jedhe kajeelaan akkuma jedhamu ani gaaffiinkoo eenyu akka angafa ta'e eenyu akka qixisuu ta'e adda baafachuudha malee, isa namni natti kolfu tasumaa hin yaadanne.

Abbaan barbaade anatti yoo kolfe anaaf waanti ife hin jiru; garuu gaaffiinkoo inni guddaan jara kana eenyu akka angafa ta'eef eenyu akka qixisuu ta'e adda baafachuudha. Lamaan isaaniyyuu huccuu gosuma tokko uffatu naannoo keenyatti isaan malee, namni beekaaf ammayyaa'aan hin jiru. Hidhii isaanii halluu dibatu ija isaaniis waay dibu akkaataan waaqayyo itti isaan uume waan haalan isaan hin

gammachiifne natti fakkaata. halluu garaa garaa dibatanii dabtara ijollee keejii natti fakkaatu!

Osuma qaroomoo wayii godhanii of himaniiyyuu, gaafa huccuu bitatan gowwomfamanii bitu natti fakkaata kofoo ciccita qullaa deemuu nama yaadachiisu tokko bitanii galu. Tarii ciniinanii cuffatanii dhamdhamanii, bitu ta'uu hin oolle.

Isa warri adiin (boy friend) jedhan sanammoo walumatti qabu. Akka lafa finfinnee wal harkatti qabuun hin jiru. Guyyaa hedduu nama gaaf tokko Namoomsee Haammatee deemutu gaaf birammoo Beekkannee haammatee deema.Yeroo tokko tokko waan Isaan obbolaa dhiiraa hedduu qabanis natti fakkaata. Kanafaatu anaan ganamaa galgala gaaffii natti uuma; waanuma ijoollummaa ta'eetudha malee, garuummoo anaan waanti na ilaallatu hin jiruum!

Gaaf tokko tokkommoo lamaan isaaniyyuu ala bulanii yoo ganama galan animmoo osoon dhaabadhee isaan ilaaluu manni barumsaa natti barfata. Ganama barii manaa bahanii gara biraa deemu malee isa isaan faallaa kanaa ganama gara manaatti deeman kanas baruuf tattaafadhee dadhabnaanin gaaf tokkommoo osoo mana keenyaa ollaan buna dhuguun gidduutti callisuu namaa argannaan harmeekoo gaafadhe. Ollaan kolfa natti gaggabe isayyuu tokkommoo kolfa keessa bahee buna ofirratti dhangalaase bagayyuu!

Kan gaaffikootii kuni haasaa jaartii milishaa ta'ee gaafatamee osoo hin deebi'een hafe. kun na aarsuyyuu kolfa namaa jibbaafan waayee jara angafaaf qixisummaan isaanii na dhibe kanaa gaafachuu dhiise tarii gaaf tokko nan bara iccitii kana jedheen obse.

Bulee turee osuma jirruu, gaaf tokko olla keenyatti waca wayiitu uumame namni muraasni birmatee, dhaabatee lola ilaala. Dubbiin wayii uumamnaan olla keenya kanaa mana tokko keessaa namni tokkollee osoo hin hafne hundumtuu bahee waan uumame dhaggeeffatee, warra manatti hafeef odeessa. Kunimmoo amaleeffannaa hawaasa olla keenyaa isa jabaa erga ta'ee bubbuleera!

Anis egaa oromoon gaafa mammaaku "gaaf cabeenis horaaf kaattii jennaan ishee waatu fo'ee hambisaa?" jedhee mammaaka. Osuman dhaabadhee wal dhabdee Namoomseefi Beekkannee ilaaluun qalbiin caqasuu eegale. Wal loluu ittuma fufanii jiru; fuullee walii dhaabatanii, walitti mammaaku ani jechootan kanaan dura dhaga'ee hin beeknen dhaga'uu eegale.

Giddu gidduudhan osuman qaqqana'uun wal arrabsoo jaraa gurraan cuurradha. Qixxuma wal arrabsu qixxuma ija walitti babaasu.Wal jalaa qabanii walitti mammaaku ajab yaa gurra dhaga'u! osuma dhaabannee dhaggeeffannuu jecha walitti dadarbachuu ittuma jabaatani. Lolli isaanii dhiira irrattidha lamaan isaanii gurbaa gaafa maqaa dha'an dhuma maqaa gurbaa irratti "koo" kan jedhu itti dabaluun immoo gurbaa irratti wal lolaa waan jiran osoo hin taane, deeggartoota isaa natti fakkaatani.

Dhumarra garuu haasaa ajaa'ibaa wayiin dhaga'e. innis Beekkanneen Namoomseetti quba raasaa "kan har'a gurbaa tokkicha irratti na loltu gaafuma jalqabaa maaf post piilii hin fayyadamiin?" jette gaafatte.

Namoomseen deebistee takka ol fuute kofaltee "situ dhalataatti hin beekne malee silaa qaawwa isaayyu nan duucha ture" jette namni

hunduu gurra qabate anis calliseen gurra qabadhe gidduu kanatti bilbilli Namoomsee iyyinaan guratti qabattee,

“heloo dammakoo……maal intala baalagee tokkotu na jeeqaam ganamaan” jechaa mooraa keessaa baatee qajelte.

Jaartiin ulfoon olla keenyaa tokko na duuba dhaabatanii dhaggeeffachaa turan “kamtu fooni kamtu loonii?” jedhanii xiqqoo mammaakani. Nuti hunduu daawwannaa keenya xummurree gar gar facaane!

Anis waanan bor mana barumsaatti odeessu argadheen gammadee, duuba namaatti hafee yoo waa kan dabalamu jedheen of duuba mila’achaa gara bakka ijollee wajjin taphannuutti qajeele.

Osuman suuta gara manaatti deemuu beekkanneen kofoo ciccitaa wayii uffattee shittoo ofitti gadi dhangalaastee ancaqqee (mastiikaa) afaanii qabdu dhukaasaa, bilbila ishee isa gaafa chaarjii irra taa’uyyuu toora gurraa irraa hin fagaanne sana qabattee, sagalee aarii wayiitiin

“Heloo hin dhaga’amuu dammakoo?”

“Maal abbee mazeriin immoo har’a Tolasaa narratti jaalatte naan jettee ganamaan na arrabsiteem”

“Dhugaa isheenoo dhiiratti na shakkitee na arrabsitem”

Akka nama garafamaa jiruu lallabaa na duuban dhuftee na bira dabarte!

5. Daldaalaa kophee

Duratti yeroo ani ijoollee “sassataan saphii sassata” gaafa jedhan gaaffii natti uuma ture. Hamma eergan waggaa kudha saddet darbee ala kana oolee galuufaa eegalee waanticha baraan dhufe. Namni maaliif akka mammaakullee adda baafachuu eegaleen jira; anis of hin tuffadhuu hamma humnakoo mammaaksa kana gaafa nama tuquun na araachise barbaadeen tokko luqqisee fida.

Hamma yeroo mana kireeffannee gaazexaadhaan keenyaan isaa saamsinee suura taatota fiilmii warra hindii kanneen akka sharuk fi saalmahan kana keenyaan manaattii dhoobna sana booda egaa warra abbaa mooraa dhokannee waa manatti fidanna gaa’ila ariifachiisaa (emergency wed) fuudhuun isaas hiikuun isaas saatii murtoofte keessattidha mitiire? ….utuu mana murtii wal hin dhaabin torbanitti torba fuunee wal hiikaa oolla!

Gurbaan karaa yoo gaafatan illee qarshii nama gaafatu tokko mooraa ani kireeffadhee baradhu keessa mana na bukkee tokko kireeffatee gala. Manni keenya wal bukkee waan ta’eef halkanis guyyaas waan mana lamaan keenyaa keessaa “kosh” jedhe dursinee wal dhageenya namuu kana nu hin dursu. Maqaan isaa kan warri baaseef ‘Hundumaa’ ture nutimmoo sassata isaa sana Irraa kaanee “Gonnonnee” jennee waamna. sababni isaa qarshii irratti nama hin jaalatu waan ta’eefidha!

Ani barataadha innimmoo dunkaana xiqqoo daandii konkolaataa cinaa kireeffatee kophee daldaala. Gabaabumatti inni inveestara ani barataadha; garuu mana aniif inni kireeffannee gallu keessaa kankoo fooyyee qaba. Sababni isaa ani gaazexaadhan saamseera akkasumas suuraa taphattoota kubbaa miilaa kanas keenyaan mana kiyyaatti

dhoobeera waan nama ajaa'ibuu suuraa taphattoota awurooppaa kana gosa kudha shantu keenyaa mana kiyyaatti jira. Tookkoon isaa qarshii digdamadha suuraa kudha shan sana qarshii dhibba sadiinan bitee manakoo ittiin miidhagfadhe!

…Gaafan qarshii of harkaa dhabee kiraan manaa natti gahummoo suuraa taphattotaa sana achitti ilaaleen bo'a. utuun qarshii dhibba sadii baasee bituu baadhee, dhibba lama itti dabaleen kiraa manaa cufadha jedheen, garee Arseef maanchee ijaan ilaalee gargaarsa gaafachuu fedha! Isayyuummoo C Roonaldoon hammayyuu suuraa mana kiyyaa irraa Manchester United taphachaa jira!

Kiraan mana ani keessa jiraadhuummoo dhibba shan guutuu isaan kanfala homtuu keessaa hin deebi'u. gonnonneenis hangumakoo kanfala garuu, anaaf isa gidduu hammas garaa garummaan jira; ani gaafa guyyaa soddooma dafeen kiraa mana kiyyaa waanan qabu walitti funaanee geessee kanfala. gonnonneen garuu ji'a ji'aan gafa kiraa manaa kanfalu daqiiqaa soddomaa ol warra abba mooraa faana falmii jajjabduu taasisa.

"Kiraan manaa natti cime"

"Warri kaanis kanuma kanfalu ati kophaattii maal boocha?"

"Miini dabaleera kophee tokko irraa yoo baay'ate qarshii 20 argannaam"

"Inni dhimma keetii hojii jijjiirii hojjedhuka"

"Hojiin hin jiruum gidduu kana qilleensi qabbanaa'aadhaam"

"Gara hoo'a qabu deemika ilmakoo asoosaa deemii daldaali"

“Maali dhugaa naaf hir’isaa kiraa manaa”

“kana booda sittan dabala malee hin hir’isu namana natti hin waciin”

Akkasitti abbaa manaa faana wal atakaraa oolanii kiraa manaa osoo harki isaa oollatuu dhibba shan kanfalee gara mana kophee isaatti deema. Seera bittaaf gurgurtaa keessatti waanta qarshii 100n gurguramu inni gurguru dura 150 waama sana booda osuma wal falmanii 100n gurgura. Kun aadaadhuma baratamaa bittaaf gurgurtaa biyya keenyaa ta’eera.

Gonnonneen gaafa kophee gurguru kophee qarshii 300n gurgurama jalqaba qarshii 400 jedhee hima yoo namni bituuf jiru sun “naaf hir’isi” jedheen qarshii 390 jedha itti fufee 380 waama. Maamilonnii isaa osuma Gonnonneen afaan isan qoorsuu waa bitatanii biraa deemuu; osoo okjiinii gurgura ta’ee, silaa osoodhuma maamila faana gatii wal falmuu maamilli jalaa du’a.

Kan na ajaa’ibu gaaf tokko osoon isa faana taa’aa jiruu, maamilli isaa tokko ol seene. Nagaa eerga wal gaafatanii, kophee tokko ol fuudhee ilaalee gatii gaafate. Gonnonneenis deebiseefi qarshii 450 jedheen. Sana booda osuma wal falmanii, maamilichi akkas jedheen

“Ati yoomuma maamilakeef yaaddee waa ilaalcha gootee gurgurtaa?”

“Ani maamilakoo mitii ofiiyyuu gaafan kophee jijjiirradhu ofittan gurgura”

Maamilli sun naheetu “maal ati qarshiin gogaa warrakee irraa hojjetamaa kan akkas qarshii jaalattu?” jedhee bahee deeme!

6. Hiriira Daabboo

Bara 2012 kantiibaa magaalaa finfinnee kan ta'e Injiinar Taakkaalaan rakkoo keenya gadi fageessee ilaaleetu kalaqa jabaafi argannoo bareedaa tokko nuuf argamsiise. Innis daabboo gatii gad bu'aa nuuf omishe!

Qixuma kanaan uummanni Finfinneef naannawwaa Finfinnee taaksin deemuun ittii jabaataa deemnaan, baasiin 'ambassaa' jedhamu tokko dhufee uummaata kana akka kibriitiitti ofittii udumee qarshiidhuma sadi yookaan afur qofaan gamaan geessee gamanaan nama baasa. Namonnii hedduun oolmaa Baasii kanaa gaafa jecha jajannaatiin ibsan "Abbaa hiyyeessaa, mana gandaa" fi kkf jedhanii ibsu. Nama hedduutu baasii ambassaa kana fayyadama; namicha sooressaa olla keenya tokkoyyuu gaaf tokko hiriira irratti argeen dubbise. inniis nagaa hoo'aa na gaafatee tikkeetti birbirsa gooroo qarshii sadiin naaf mure. Sooressa nagaa gaafadheen gatii geejibaa argadhe!

Hamma egaa baasiin ambassaa ani waayee isaa hamiidhaan gurra isin coomse kun gahee hojjii jijjiirateera ture bara hooggansa Injiinar Takkee gaafan callisee siyaasa barnoota saayinsii siyaasaan hin deeggaramneen xinxaalu Taakkaleen uummata ganamaan ka'ee baasii guutee finfinneetti godaanu kana waan jibbeef baasii ambasaa mana daabboo godhe. "hamma deemaa ooltan gadi taa'aatii daabboo nyaadhaa yookan bajabbajaa" waan jedhe fakkata baasii ittin deemaa turree mana daabbo godhe!

Daabboon Injiinar kun waanuma ogummaa isaanii fayyadamani, waan akka dhagaa kanas feerroof simmintoo xiqqooshiis itti makanii daabboo kana nuuf tolchisiisan fakkaata, daabbon gaafa ciniinan

humna nama gaafata. Isumaayyuu har'a ganama ciree daabboo Injinar nyaannaan bor ganama istiraappoon fuula nama qaba.

…nama caccabsa. Nagaa nama dhowwa. Daabboo ogummaa injineerumaatiin tolfametu, dhagaaf feerroo dabalatee, akkas nama godha!

Kanas ta'u sanas hiriirrrri ganama bakka baasiin dhaabbatuu dhaabatan ittuma fufee hiriirri namaas bakka baasiin deemu irraa gara bakka baasiin dhaabatee daabboo hiruutti ceeneerra. ganama fuula sukkuummachaa dhaqnee bakka ambassaa baasii durii dhaabanna. Garuu kan nama ajaa'ibu, shamarran osoo daabboo tolchuuf ogummaa isaa qabanii, kan injiinar isa burruusaan cabu kana adamsuudhaaf bakka hiriiraa dhaabbatu.

Qarshii kudhan guduunfannee lafa baasii inni durii dhaabatu geenyaan daabboo Injiinarii Peestala guunne fudhannee galla. Olla qabuuf dhaabaan osoo hin hafiin ofitti amannee waamicha goonaafi. silaa mangaagaan har'a daabboo Injiinar nyaate bor ganama dubbachuuf nama rakkisa dhuguman jedhaam daabboon Injinar kun ogummaa isaaniitiin deeggaramee tolfama!

Injiinar keenya daabboo kanaan nu qallabuu bira darbee ofuma isaaniifuu bara taayitaa isaaniitti siidaa yaadannoo dafee hin cabneef hin cinne dhaabbatanii taayitaa irraa bu'ani.

…anuma dabalatee, namoonni sababa daabboo kanaatiin bara sana ilkaan keenya dhabne, bakka ilkaanichi buqqa'ee warqee dhaabnee akka sidaa yaadannoo Inj. Taakkaleetti ilaalaa jirra!

7. Atuu Buusi

Dubartoota biyya alaa turanii biyyatti galan kanaan maal jettu turee?

Hundaafuu Diyaskooraa jedhamu; ha ta'uu kibbituun ala kana turtee dhufte. Ala jechuunkoo asuma dubay kanaa dhufte; garuu nama akka namaatti hin ilaaltu waan hundumaa falaasama gooti.

Nyaata nyaattu bishaan dhugdu huccuu uffattu hundumayyuu adda gochuu barbaaddi. Humna dhabaaf malee, osoo silaa dandeettii isaa qabaatte qilleensayyuu isa nuti fudhannu kana dhiistee silaa kan mataa ishee banatti ture; haa ta'uutii baajannii ishee akka isheen of jajju kana miti bakka sana hin ga'u.

Qarshii alaa funaannattee dhufte sanaanis bakka daldaala wayii banattee hojii eegalte dhugaadha protokoolii hin jibbitan jedhe harka nama hin qabattuu. Bishaan Burayyuutu ji'atti gaaf tokko qofaa dhufaaf malee silaa nama qacarattee fuuldura ishee deemanii lafa dhiquufi isheenimmoo bakka dhiqame kana ejjettee deemti ture.

Waan hundumaaf iyyuu mana daldaalaa Firaashii qabdi oolmaan ishee aachumadha nyaata hoteelaa nyaatti malee manatti kan al-waada seentee nyaata hojjettu eenyu isheen?

…akkuma dhiira laaxxee tokkootti alaa nyaattee alaa dhugdi. Waa mara alaa fayyadamti. Kaaffeedha piizaaf bargarii nyaattee, hoteelaa nyaata nyaattee akkuma dhiiratti dhugaatii kanas garagalchaa oolti.

Guyyaa tokko mana nyaataa deemtee nyaata ajajattee bakka harka dhiqatan deemtee "bishaan hayilaandiitin malee hin dhiqadhu" jettee takka falaasamnaan gurbaan duubayi dhufuu ishee beeku "dubay

ishee adaamaa dhaabatanii asii aachi argan kanaa dhuftee maal of seetee?" jedhee arrabse.

Isheenis gurbaa ija tuffiin ilaaltee biraa sokkite Akka dubay adaamaa dhaabatanii argamummoo gaafa sanan dhaga'e. dhugaa haa ta'uu soba haa ta'uu isaa garuu, waanan addatti beeku tokkollee hin qabu. nama wal arrabsu bira gaafa oolan waan raajii akkasiifaa dhaga'uu edaa!

Amalli kibbituu kun nama hundumaaf gaaffiidhuma ta'ee hafee jira. gaafa firaashii haaraa fiddee dhuftu ijollee baachiftu ifatti of jajjii gaaruma kana geessee gad of deebisti. Akka carraa ta'eemmoo guyyaa tokkoo ijoollee waa baatan waamtee firaashii konkolaataa irraa buusisuuf waamnaan gurbaan abaaramaan tokko dhufee mi'a ishee konkolaataa irraa buusuuf gatii falmuu eegale.

Kibbituun hidhii ishee halluu addunyaan kun qabduun laaqxe sana hanga gurraatti harkisaa akkaataadhuma garaa garaa agarsiisaa mucaa ba'aa baatu faana haasaa egalte.

"Firaashii digdamadha buustee manatti galchitee wal qixxeessitee dhaabda"

"Tole meeqa naaf kanfalta"

"Anatu siif beekaaree waan ittin hojjettu?"

"Lakki anatu beekalleedha garuu meeqa naaf kanfalata siifan buusaa"

"Aboo maal xibaartaa? Waan ittiin buuftu natti himadhu"

“Tole qarshii dhibba shan naaf kanfali dafeen siif buusee deemaa konkolaataa namaa hin dhaabnuuti hojii irraa”

“Qarshii dhibba shaniin kan maaliin siif kanfala? Sin bitaa waan isaa”

“Lakki maal na bitta? inni amerikaadha dhufeyyuu na Hin binne”

“Isa waayee ameerikaa maal beektaa mitii gatii ittin hojjettu natti himadhu”

“Sitti himeera kanan ittiin siif buusu yoo barbaadde namni biraa siif haa busu”

“Hamma yoo siif ta’e dhibbaf shantamaan buusi”

“Dhibbaaf shantamaa?”

“Eeyyeen”

“dhibbaaf shantama anuu siifan kanfalaa ati buusi” jedhee biraa sokke!

8. Nutoo maal qabnaa?

Har'allee namni akkana jedhu hin jiru; duratti garuu, namoonni "buli manni kan waaqi" yeroo jedhan dhaga'een beeka. Si'ana garuu hin jiru. Haa ta'uu egaa seerri biyya kanaa immoo "lafti kan mootummaati" jedhee gibiraa hiyyeessa irraa funaana.

Kan anaaf hin galle tokko garuu, eerga manni kan waaqaa ta'ee kiraa mana ani itti galuu maaf jaarsi abbaa mooraa keenyaa na harkaa fuudhuree? Naman gaafadhun dhabeef malee kana irratti anaan gaaffii jabatu natti uumamaa jira dhugaa!

Moo egaa namni manni kireessu hunduu waaqadha jechuu barbaaddaniree?

Kan maqaan ittiin waamamu waaqa kan kiraa manaa gaafa guyyaa soddomaa ganama shubbiin balbala narratti reebee narraa fudhatu abbaa mooraati. Kanaafan manni kan waaqati isa jedhu kana nama naaf ibsu dhabe!

Akkuma jedhamu kana osoo manni kan waaqaa ta'ee silaa tola keessa jiraanna; namuu dhimma uffannaa malee dhimma kiraa manaaf mataa hin cabu; anillee mana komodinoo fakkaattu tokkottaan 500 kanfala. Mi'a mana kiyyaallee walirraa butee kaa'uudhaaf waanan rakkadhuuf, jarkaaniin mana kiyyaa waan lamaaf na tajaajila; akka teessumaattis irra taa'uudhaaf na gargaaraa akka mi'a bishaan itti waraabamuuttis bishaan ittan waraabbadha.

…uffanna alatti ofittii baseen ciisicha qofaaf ol gala. Bakkan uffannaa kawwadhu hin qabu. Gaafa waqtiin bonaa gahuu akka

mosee xuwwee keessatti affeelamaa jiruuttin walitti galee manatti keessa ciisee dafqa lolaasa.

warri mana guddaa viillaafa kireeffatan hamma dhuguma “manni kan waaqaati” jedhanii amanuure? Kiraan manaa akkasitti osoo dhiiga nu xuuxuu mana kana abbaa qabeenyummaa isaa waaqatti dabarsinee, uumaa waan hundumaa tola nu badhaase kana maqaa dha’uun gaarii hin taatu!

Kiraa manaa kana gaafan yaadadhu jechama hayyoonni mana kireeffatanii gala tokkon yaadadha innis “gubanne akka mana kiraa” isa jedhamu sana dagachuu hin dandeenye tasumaa

Walumaa galatti eerga manni kan waaqaa ta’ee lafti kan mootummaa ta’ee nutoo maal qabnaa?

9. Hojjettoota mataa moluu

An durumaa kaasee karooraafi hawwii barnoota barachuu hin qabuun ture. Garuu gaaf tokko utumaan barumsa jibbuu obbolleessa koo isa digirii sadii qabuun "Ati maaliif barnoota hin barattu?" Jedhee sobee itti qoosnaan innimmo "Inni ani baradhe walakkaan iyyuu, waardiyyaa baankii si dorgomsiisa" naan jedhee, amilee na cabsinaan anis aareen Barumsa ammayyaa kana akkawontiingii isa jedhamu baradheen anis dorgomee waajira dhuunfaa tokko gale; gaafan galu waardiyyaadhaa kaasee hanga hoogganaa waajirichaatti hundumtuu mataan moluudha yoo xiqqaate wal faana molachuu baatullee gar tokkeen hojjetaa waajira sanaa kan mataan faaxuutu jira.

Ani akkuuman waajjira kanatti qacarameenan waan ajaa'ibaa tokko arge hundumtuu fuulli gartokkeen walakkaa mataa gaha. Ani gaafan namoota kana argu hundumtuu hojjettoota waajiraa osoo hin taane, waanan bakka raabsaa balbii deemee jiru natti fakkaate. Anis xiqquma yaadan caqaseen waanticha akkuma ajandaa jabaatti hin lakkoofne. Tarii samoona sana duula rifeensa haaddachuutu waajira sana keessatti gaggeeffame jedheetuman anis hamma gaafa hoogganaan xalayaa naaf barreessuutti dhaggeeffachaan ture.

Ani akka xiinxalaaf argannoo kiyyaatti, Mataa moluu gaafan ibsu gosa sadittan hira. Isaanis:-

Isa mataan wal faana molatu nama siyaasa deeggaru yookaan immoo abukaatoo ta'uu mala

Kan gubbeen mataa walakkaan molatu immoo barsiisaa herreegaa yookan immo barsiisaa fiiziksiiti

Kan reef fuulduraan oldeemummoo yookaan Hojjetaa waajira mootummaa reef galudhaa yookaan immoo hojjetaa mana baankiiti kanarraan kan hafemmoo, haadha manaa isaatu hamtuudha!

Yaada kana anumatu shakkiin qabu irraa bifa qorannoo gabaabduu mata duree fakkaattun ibse malee, saayinsii inni dhala namaaf jaldeessa dirqiidhaan walittii firoomsus kana raga homaa lafa hin keenye. Dhaabbileen amantaa warri nama dhoqqee irraa dhoobanii tolchanis isa akkasii kana hammumakoo illee qorannoon waan lafa kaa'aan, hin qabani. hayyoonni saayinsiis waayee kana waan lafa kaa'an hin qabani; tarii yoo waa jedhaniiru ta'eef garuu ani hin dhageenye gaafan dhaga'e qorannookoo kana nan haaromsadha!

Ani akkuuman waajjira kanatti qacarameenan waan ajaa'ibaa tokkon arge hundumtuu fuulli gar-tokkeen walakkaa mataa gaha. Kan nama ajaa'ibu obbo Gurmeessaan fuula irra hareeda qabu malee mataan isaanii barruu harkaa walakkaa fakkaata. Sirumayyuu nama hubatee ilaaletu, adda isaaniif mataa isaanii gargar baasa!

Namni eerga ani bakka hojii sanaa galee dalaga eegalee booda dhufe hundumtuu yeroo booda mataan molachaa deema. Anaaf gaaffiinkoo inni jabaan waanuma jara kana rifeensa irraa haaduun wallaale. booda keessan gaaf tokko waanuma rifeensa dhaabitti irraa haadu Baruuf yaadeetan obboo Gurmeessaa gaafadhe!

Obboo Gurmeessaan kokkolfaa rifeensakoo ilaalanii "maal ati kankee kun hamma molatutti ilaaltee hin bartuu maaf ariifattee na gaafattaa?" jedhani kolfani.

Jechi obboo gurmeessaa gaaffii natti uumnaan hammas irra deebi'ee "maal jechuu keessanii obboo Gurmeessaa?" jedheen gaafadhe.

Obboo Gurmeessaan rifeensakoo isan guddifadhee deemu kana ilaalanii natti qoosuu eegalani.

“kankoollee gaaf biraan ifa siif godhaa ati garuu dargaggoota mana rifeensaa qaban faana jibba akkamii qabdaa? Moo tarii qonna (agriculture) barattee baate?”naan jedhani.

Anis Gaaffii Obboo gurmeessaa kanaan raajameen “maal jechuu keessanii naaf hin galleem yaanni keessan” jedheen deebiseef. Obbo Gurmeessaan mataa isaanii sana akka waan rifeensa qorichumaaf tokko illee qabuu qaqqabachaa ilkaan isaanii seeqaa,

“anillee kanan jechuu barbaadee isa ati bineensa mataatti baatte deemtu kana ilaaleen hojii horsiisa kana irratti kan bobba’u warra qonaa barate kanadha jedheetani” naan jedhanii natti kolfani.

Anis akka isaan “rifeensakeetu injiraan qaba” naan jechuu barbaadan bareetan qoosaa fakkeessee “isa kanallee maqa balleessii yaadaa jirtu kanammoo seeraanin isin gaafadha gaafa itophiyaan seeraaf heera ameerikaa irraa gargaarsa fudhattee fidde” jedheen kokkolfaa, hammas waanuma rifeensa isaanii haade deebisee, gaafadhe.

“Obbo Gurmeessaa waanti kun tarii ittin bulmaata mana hojii kanaa yoo ta’e naaf himaa osoon dambii ittin bulmaataa cabsuudhaan hin himatamiin anis dhaqeen haaddadhaa” jedheen deebiseef sababni isaammoo ani maatiin guddisa waan ta’eef waan rifeensikoo guddateef miindaa koo akka narraa hin kunnen sodaadhe!

Silaa rifeensa guddifachuunis yakka jedhamuu eegaleera yeroon kanas akka xinxaalakoo keessa galchummoo, dargaggoonni mana rifeensaa qaban mootummaa faana walii galtee faddaalummaa qabu

natti fakkaata. Akkasumallee rifeensa guddiifachuun dargaggootaa waan mooticha itophiyaa durii abbaa mootota itophiya warren hammaa kana Obboo Mallaasaa arrabsan fakkaateetu mootummaan Dargaggeessa rifeensa guddifatan adamsee hidha jedheetan ija siyaasaa kiyyaan ilaale!

Gaaffiin kiyyaa itti hedduummannaan obboo Gurmeessaan cicciniinnachaa “ilmakoo kan rifeensa nurraa malaaxesse isa sammuun malaaxaatuu……waan isaan natti himan yoon dubbadhe qaallittin seena waantichi siyaasa dha!

10.Dura anatu irra tureem!

Manni walitti dhidhiyaatee ijaaramee gaafa hawaasni naannoo tokko jiraatu "ollaa" jedhama kana immoo namni wallaale waan jiru hin fakkaatu. Olla keenya namoota jiraatan keessa Abbaa Dubbii fi Haati Dubbii isaan tokkodha.

Maqaan isaanii inni dhalootaa kan gandi ittiin waraqaa eenyumaa baaseef garuu kana hin jedhu. mucaa dhiiraa yookaan dhalaa "Dubbii" jedhamu/tus waliin hin qabani; garuu namumatu callisee maqaa kana itti mooggaase. sababni isaammoo guyyaa hundumaa ganamaa galgala guungumu yeroo hunda wal lolu.

Anuu akkumaan daa'imuu eegaleen gaafan jara kana argu haadha manaaf abbaa manaa osoo hin taane israa'eliif filisxeem natti fakkaatu har'as kanumattii jiru. Bara kana gaafa dubbii wal dhabdee Israa'eliif Filisxeem dhaga'u jara kanan yaadadha!

Yeroo tokko tokko "haati manaaf abbaan manaa laga tokkoo waraabamu" jedhamaa nan dhaga'a. Abbaan Dubbiif Haati Dubbii garuu laga tokkoo waraabaman osoo hin taane, qoraan tokko irraa ibidda walitti qabsiifame natti fakkaatu. Jechuunkoo lamaan isaaniyyuu akka ibiddaa boba'u waan ta'eef laga tokkorraa utuu waraabamanii bishaanni laga tokko wal hin dhibu ture. Garuu qoraanni abidda tokkoon gubachaa jiruu waliif hin ilu. Dabaree "xos xos" jechuun abidda walii walitti dabarsee wal guba.

Guyyaa hundaa wal loluu isaanii irraa kan ka'e namni ganda keenyaa jaarsummaa isaanii tookkoon tokkoon isaatti kan osoo guyyaa digdama digdama hin taa'iin hafe ana qofaadha. Sababnisaa ani himannaa isaanii dhaaggeeffadheen fiigee bakka ijollee faana

qodaa qodaa taphannu sanatti odeessa. kanumaafan jaarsummaa jara kanaa hanqadhe malee ijoollummaaf miti.

Ana miti Ijoolleen isaan lamanidha. kan ganamaa galgala baalaaf muka irratti wal lolan waca isaanii nuffuun hundumtuu gurra cufachuu yaalleetu namni haajaa biraaf yoo isaan wamemmoo rakkoo taati jechuudhaan, hundumtuu yaada isaa kana jijjiire. waca Haadha Dubbiif Abbaa Dubbii isa akka teeppii cabaa korrisu sana dhaggeeffachaa jiranne.

Turee bulee gaaf tokkos guyyaadhumaan sagantaa malee lola isaanii sanammoo eegalani; osuma callisnee dhaggeeffannuu, cimsanii iyyani. Osoo nama tokko qofaatu iyyaa jira ta'ee silaa hin dhaqnu. namnis hin birmatuuf ture gaafa sana kan namni osoo sareen manatti hin hafiin birmateef lamaan isaaniiyu iyya qaanqursuu isaanii ture.

Sagalee iyya namaa kan nama lamaa kana shakkee hundumtuu gara mana jaraatti "kottee na baasi" jedhe. Silaa anaan namnis bakka haajaa nama guddaatti na hin waamu gabaabbinakoo ciqilee lama sanaan akka fiiguu wayiin ta'aa gara iyyaatti fiiguu haa ta'uu sussukuu isaa hin barree anis qajeeleera!

Keessumaa gabaabbinni kun kan isheen na mite keessaa ijoolleen olla "kubbaayyaa" jedhanii na waamu gaafan lafa corroqni jiru ejjedhu dhoqqeen lafaa funyaan walakkaatti na faca'a. kun gatii gabaabbina kiyyaati. Faalladhuma kanaan maatiin waan akka shurraabii dheeraa isaa naaf bitu malee, kofoo naaf hin bitani. Shurrabiidhuma sanatu bakka lamaaniyyuu herrega naaf cufa!

Iyya iyyame kana nama guddaa kaasee hanga ana isa namni osoo hin argiin narra ejjetuutti hundumtuu birmachuudhaaf fiigaa jira; anis osuman sussukuun, jaarsa umuriidhaan xiqqoo aachi fagaatan kan bullukkoo guddaa fixeen isaa lafa gahu uffan tokko, argadheen isaan qaqqabee, fiixa bullukkoo isaanii qabadhee gamanaaf gamasitti daddarbatamaa faana fiigicha eegale!

Isan akkuma nama abbaa dhimmaa bullukkoo jaarsaatti rarra'ee jaarsa deemsa dhoowwu kana abbaankoo aaree fageenya irraa na waamee "gurbattii malakkee nanaa eessa dhaqxa koottu deebi'i" naan jedha. Safuudha har'ammoo gabaabbinakoo birattan qal'adheen bule fakkaata maqaas naaf jijjire jaarsi abbaa kiyyaa tokko. Ani garuu waan uumamee ilaaluuf waanan fiigaa jiruuf gurra hin qabu!

Jaarsan hin beekne kana qabeetuman gadhiisuu dide fiixa bullukkoo qabadheen gamaa gamasitti dadarbatamaa faana fiigaa wajjumaanin ol lixe jaarsi ol seenee mataa qabatee "nan bade nan bade…." Jechuu eegale. Ani fiixa bullukkoo gadhiiseen jaarsa miilatti maramee gadhiisuu dide. dubbiin jabduu waan taateef nan sodaadhe.

Osuma kanaan jirruu namonni muraasni didichaa manatti duudani yoo ol seenaan, kan ni kolfee kan ni rifate. Haati Dubbiif Abbaan Dubbii wal qabatanii wal abootaa jiruu abbaan dubbii jala jira haati dubbii qaama olaanu taate!

Namoonni itti siqanii addaan qabanii gargar dhoowwani jaarsi ani itti rarra'ee dadarbatamaa oole garuu afaan qabatee dhaabatee,

"kamtu jala jiraa kamtu irra jiraa?" Jedhe ajaa'ibsiifatee

Abbaan Dubbiis deebisee “hamman isin agarraan jalatti darbe malee, duraan gubbaan ture” jedhe ani hammawoo raagaaf waanan waamameef osoon hin beekiin.

“Maa sobdaa jala ooltewoo”-n jedheen battala kaballaa gurrakoo irraa caraanuun arge. abbaakootu mana namaatti raga ani dhaabadheef adda na kuchisiise! Anis boo’aan gadi ba’e!

11. Jijjiirraa hojii

Akkuma beekamu bara darbe kana keessaa dhukkubni abbaa humna tokko addunyaa kana aryatee manatti galchee ture. Dhukkubichi eessaa haa ka'uu garamitti haa dhalatuu waan adda baafanne tokkoyyuu hin qabnu nutis dhufnaan baqanne malee!

Biyya ana dabalatee, hojii dhabaan akkakoo itti baay'atu kanas osuma hin beekamiin seenuun dhaga'amnaan hundumtuu manatti fiiguu eegale. Kan nama boonsuufi addunyaan nu ajaa'ibsiifatte garuu itophiyaan osoo dhukkubichaan hin qabamaniin dura qoricha dhukkubichaa argatte.

Qoricha isa laabratooriidhaan shif argaan qoratamu osoo hin taane, isa al-waadaatti naqamee malakkeedhan qicamufaati haraqee jechuu barbaadeeni loomii, qullubbii adii, zinjibila fi kkf itophiyaan "argannoo qoricha dhukkuba kanaati" jettee afaan warri adiin hin beekneen face book gubbaatti katabde.

Afaan itophiyaan ittiin dawwaa koronaa argachuu ishee kana toora face book tiin katabde kana wallaaluttu xaliyaanii dhukkee irraa kaase. Hundumaafuu itophiyaan qoricha koranaa argachuu ishee afaan amariffaan katabdee, Fuula kitaaba (Face book) kampaaniidhuma sobaa gote!

Waqtii sana namni hedduun kan dur harka dhiqachuu dagate hedduutu harka dhiqachuun taphataa urjii ta'e kanumaaf gurban hiriyaakoo inni qeensa isaa keessatti mukni marguyyuu fuulliif harki isaa garaagaraa ta'e!

Mucaan ijumaan argaa bishaanii hin jaalannee guyyaatti digdamaa ol gaafa harka dhiqatu, harki diimatee fuulli daalacha amoolee fakkaata. Mucaan kun dhalootumaan waan bishaan hin jaalanneef dhiqachuu hin jaalatu; keessumaa osoo miila isaa lagatti dhiqatee lagdi ni boora'a. gaaf tokko osoon wajjin deemuu " maaliif miila dhiqachuu hin jaalattuu?" jedhee gaafannaan "bareeduu diddi malee adeemuu hin diddu" naan jedhe. Guyyaa biraas afaan dubbii na barraan irra deebi'een gaafadhe. Innis "maal borusoo ittiinaan lafa deema mitii?" naan jedhe. Anis gaafa "koochoo baaftee balali'uu eegalte dhiqattaaree?" jedheen gaafadhe.

Kan kolfaan na gaggabse tokkommoo namni inni mindaa nyaatuus inni mindaa hin nyaannees harka dhiqatee mana baankii seena anuu gaaf tokko "manaa hin ba'inaa" jedhamnee labsamnaa qarshii baafachuu baankii deemnaan wardiyyaan iyyee akkan harka dhiqadhu natti hime. Anis harka dhiqadhee seeneen bakka qabadhee taa'ee nyaata eeggadhe dhabnaan, gaafan hojjettoota gaafadhu fayyumaakoo na shakkani!

"Akkas taanee akkas taanee gajjaa qu'aatti dachaane" jedhe namichi akkuma jedhamu sana waan qabnuun paastaa kanas bitannee gallee mana teenyee jiraachuf du'uu keenya shakkuu irraa kan ka'e bilbila namoota sanduuqa reeffaa daldaalaniis iyyaafachuu eegalle.

Anuu sanduqan yeroo sana tolchisiifadhe koronaan na tuffannaanin hamma teessoo isaa irraa tolchadhee keessa ciisuu irra jedheen manatti irra taa'aa jira!

Turee bulee waggaa tokko wayii lakkaa'uu jala geenye haguuggiin fuulaa (maksi) inni gaafa koronaan seenu gatiin gaara ga'e hamma

gatiin isaas rakasaa dhufe hundumtuu fuulatti marannee yaana nama adda baasuun wallaalamaa dhufe.

Uummanni hundumtuu akka harree huuruu addeeffatee deemsa eegale. kanumaan egaa carraa argannetti fayyadamnee warra qarshii liqaa nurraa qabus bira darbuu eegalle. Waanti nama aarsummoo fira fagoofa gaafa agarru harka qabachuu laganne!

Mootummaan karaa midiyaa garaa garaa "fuula keessan hin qabatiinaa" jedhee nuuf dhaame. Ta'us harki diddee paartiidhuma mormituu nutti taane sirumayyuu "fuularraa hin bu'u" nuun jechuu barbaade!

Fageenya keessan eeggadhaas jennaan fageenya eeggachuu dhiisnee "kotte baasii" wal baqanne. Manaa hin ba'iinaa jedhamnaanis immoo sirumayyuu siree bakkeetti baafannee, rafuu kaane safuu yaa uummata qaroomaa nana!

Kan darbe darbee maksiin gaafa koronaan galu qarshii 250 ture hamma qarshii shanitti gale isayyuu daldaalaan maaksii baay'ina uumatichaa caaluuf kaanaan gammachuun isaa dangaa darbee nu mirqaansise.

Maaksii lama sadii bitannee jijirriirrannee uffannee deemuu egalle. Gaaf isheen xurooftes miiccanneetuma afanna qoorraanimmoo, jijjiirranne isa tokko fuulatti godhannee deemna. Maaksi akkuma huccuutti ijuma huccuu ilaalluun ilaallee, miiccinee cuunfinee afanna!

Kan nama ajaa'ibummoo gaaf barbaannee fulattis baafannee, irree harkaa gubbaatti dirannee deemna. Eerga harka wal qabachuu

dhiisuun daawwaa dhukkuba koronaa ta'ee, yoo maaksii harkatti dirannees rakkoo maal qabaree?

Boodana kana maksiin tajaajila dhufeef bira darbee, seenaa biraa galmeesuu eegale. Innis mana fincaaniitti dalagaa kan biraa eegalee argame. bakkuma hundatti naannoo hundatti dalagaan maaksii inni haaraan ittuma fufaa dhufe!

Tarii yoo koroonaan badeef maaksiin hojii isaa isa haaraa kana itti fufa ta'ee ni dhiisa ta'ee waanan beeku hin qabu chinaan marii irra geesse nu haa beeksiftu!

12.Maal sin gudeedee?

Namni tokko tokko immoo gaafa haasa'u haasaa formuulaa itti baasa. Kan nama ajaa'ibu waanta wal cinaa hin deemnefaa wal bukkee oofuudhaaf, kan tattaaffii bu'aa hin qabne tattaafatu hedduudha!

Afaan lamaaf sadii waliin makuudhaan haasa'uun, akka ammayyumaatti kan itti mul'atufaatu jira. kana faana lakka'amneerra taanaan abbaan nu lakka'e sun hamma mashina lakkooftuu (calculator) fudhatee nurraa haa hir'isu!

Guyyaa tokko mana buna jabanaa jala teenyee, buna kana ofitti bitaa jirra anaaf hiriyaankoo tokko fageenya nurraa tarkaanfii tokko hin callee taa'ee kan jiru namichi tokko hammas hammas bilbila gurra jala qabata.

Bilbilli waamee waamee gaafa didu kasheriin teelee dhuftee hidhii xuuxaa akka maamilli isaa hammaf bilbila hin kaasne itti himti. namichi aaree akka bilbila darbachuu wayiis ta'ee lafatti aggatee dhiisa. Osuma akkasitti namichi bilbilaan lafa doorsisuu bilbilli waame.

Namni inni bilbila yaalaafii oole sunis hamma bilbila jalaa kaasee nagaa lolaan makaa wayii wal gaafatani. Sagaleen bilbila sanaa akka malee waan dhaga'amuuf hundi keenya sirba mana bunaa sanaa sirbu sagalee gadi qabsiifannee haasaa kana dhaggeeffachuu filanne.

Sababnisammoo waan lama miidhuu jibbaafidha warraa bilbilaan falmii jabaa irra jiru kana akka har'a dhaggeeffannu murteessinee, gurbaa isa jiippasii keessaa sirbuun immoo "boru nuuf sirbita"

jennee beellama jabaa dhaamneefii haasaa bilbilaanii sana dhaggeeffachuu eegalle.

Jara kana bilbila keessaan waan ta'eef akkas ta'e malee, osoo qamaan wal bira jiraatanii silaa abbaan tokko buufata fayyaa abbaan tokko buufata poolisii seena ture. Inni nu bukkeesun gaafan haasaa isa yaadu isa buufata fayyaa seenuu malu sanadha. Kan bilbilaan qofa sagalee isaa dhageenyu sun akka ibiddaa boba'aa haasa'a.

Anaaf hiriyaankoo osoodhuma haasaa dhaggeeffannuu bunni nu jalaa qorree cabbiidhuma taanaan akka bishaaniitti tokkichumaa habbuuqaannee finjaala ofirraa deebisne!

Haasaan ittuma fufee jira wal jalaa qabaniidhuma wal falmu lamaan isaanii waan arraba lamafaa qaban namatti fakkaatu!

"Ati akkamitti anaan tilmaamtaa?"

"Hamma tilmaama irra hin jirru qarshii kana naaf deebisi"

"Waanuma sooressa taate wayii sitti hin fakkaatu?"

"Ta'us hiyyeessa miti ani yoo xiqqaate sirraan qarshii qaba"

"Wal baruun wal daffaruudhaayii?"

"Maali sin gudeedee?"

Osuma nuti miira keessa gallee haasaa kana dhaggeeffannuu kasheriin teelee waca isaanii sodattee adda isaan baafte baga goote dhugaa teeleen gaaf sana jaarsummaa nama giddu seente!

13.Gaanfa Afriikaa

Yeroo tokko tokko gaafan akkuma carraa oduu midiyaadhaan darbu dhaggeeffadhu waayee siyaasa afriikaa kana waanuma badaa tokkon dhaga'a. siyaasni afriikaa silas nagaa maal qabdii mitii?

Namoonni siyaasan hedduu beekaman kanneen akka Neelsan Mandellaa kan mana hidhaa akkuma mana jireenyaa isaatti lakkaa'u faatu hedduu itti dhama'e. osoo haasofnuu Neelsaan Mandeellaa waggaa 27 hidhame. Kan na dhibe garuu waggaa 27 hidhamuu bama kanaa namni itti gaafatamummaa fudhatee, lakkaa'aa ture jiraaf malee, osoo biyya keenyaatii sila kana hin beeknu. Hidhamuu isaa hanga tokkoo caala faarsinee, jajneetu sana booda dagannaka! Osoo ana ta'ee garuu waggaa soddomaa booda gaafan aachi bahee mana kiyyatti gale guyyaa wayii yoon gara gabaa dhimmaaf deemee waanan bitadhee qabadheen gara mana hidhaa sanatti deebi'a. manni hidhaa guutummaa guutuutti manakoo waan natti fakkatuuf jechuudha! Isa kana barreessaan Oromoo Yaasoo Kabbabaa kitaaba kuusaa walaloo isaa 'siifan' jedhu keessatti,

"Eergan keessa jiraadhee

Hidhaanis mana mitii?" Jedhee katabeera waan yaadakoo kana deeggare natti fakkaate!

Siyaasni gara afriikaa kun gaafa ka'u beektonnii fi hayyoonni akkasumas xiinxaltoonni addunyaa kanaa kan afriika keessas dabalatee rakkoo gaanfa afriikaa kanaaf sababa garaa garaa kaa'u; garuummoo yaanni isaan lafa ka'aan kun homaa hagas mara faayidaa qabeessa miti.

Mugaabeen osoo arrabaan rifeensa namarraa haaduu, osoo jecha duudaanuu dhaga'ee kolfufaa nuun jedhuu barri itti dhumnaan sokke hammas hedduun hayyoota waayee rakkoo siyaasa gaanfa afriikaa kana waan hedduu akka furmaataatti kaa'u!

Maqaan gaanfa afriikaa gaafa ka'u waantoota akka rakkinaatti rakkoo ta'an hedduutu sararama. isaan keessaa beela, godaansa, buqqaatii fi lola.

Keessumaa gara gaanfa afriikaa kanatti lollii akka malee heddummaata. Namoonni siyaasa kana xinxalaa olaan bara isaanii siyaasa keessatti fixaniifi kan siyaasni rifeensa irra fixe hedduun fala dha'uu hin dhiisne. Ta'us kanuma maraanuu furmaata hin arganne; sababni isaammoo namoota furmaata gaanfa afriikaaf barbaachisu baatanii deeman kanneen akka kiyyaa namni nu haasofsiisee falaaf faloo gafaate hin jiru.

Haa ta'uyyuu egaa hundumtuu ajandaa qabatee, bishaan akka qaruuraa wayiitiin baatee bakka wal ga'ii taa'ee rifensa qallisee, bishaan bifa jijjiiree, hurrii qunnaan safaree, waan beeku hundumaa mammaakee oduus odeessee haasaas haasa'e. garuu fala gaanfa afriikaa kanaaf taatu tokoollee dhabee hafe!

Walumaa galatti yoo kan wal hubannu taate rakkoo gaanfa afriikaa furuudhaaf afriikaa irraa gaanfa cabsuun furmaata isa sirriif filannoo biraa hin qabnedha sababnisaa gaanfi lolaaf malee dhungoodhaaf miti kan uumame. Gaanfi gaafuma ilaalanuu eeboo fakkaata malee hidhii fakkaataayii? Kanaaf rakkoo gaanfa afriikaa furuudhaaf afriikaa irraa ganfa cabsuun waan bareedadha jedheen akkaatan kanaan dura siyaasa xinxaalaa baheen xinxaalee lafa ka'a!

14.Gabaa face booki

Duratti yeroo nagaan akka hammaa kana hin qaala'iin dura bara bilbilli jalqaba biyya keenya galtu bilbilli Yeroo banamtu nagaa wal gaafatti. hammayoo kun waan jiru miti nagaa wal gaafachuunis hin hafe nagaanis ni bade bilbilli Nokianis gabaa irraa vadee jira. Tarii yoo kaampaaniin bilbila kanaa, irra deebiidhan bilbila kana kan omishu ta'eef, yeroo banamu mallattoo habootteedhan wal dha'uu waan agarsiisu natti fakkaata.

Duratti bilbila gaafa bitannuu, kaardii itti guuttannee firaaf bilbiluudhaaf ture. hamma garuu daataa bitannee Face Book fayyadamna. waan nama ajaa'ibu keessaa, dhalli namaa uumamaan garaa garuummaa hedduu qabatee dhalata. isaan keessaa garaa garummaa kanneen akka yaada, bifaa, amantaa, ilaalchaa, sagantaa hordofuu siyaasaa fi kkf akka fakkeenyaatti kaasuun ni danda'ama!

Garuu hammaan kana facebook -n hunduma keenya wal nu qixxeessiteetti. sababni isaammoo hundumtuu xiinxalaa siyaasaa waan ta'eef walqixxuummaan kana caalu jiraaree? Mootummaan ameerikaa gaafa dhimma siyaasa Ameerikaa karaa toora face book isaa dhoobu nutimmoo afaan oromootiin yaada qabnuuf qeeqa keenyas dhiyeessinaaf!

Ani ameerikaannonni akka afan oromoo dhaga'aniif dubbisan kanan bare, yaada (comment) mootummaa ameerikaa f afaan oromootiin barraa'e gaafan argeefi mootummaan naannoo oromiyaa gaafa isaan marii wayii irratti mootummaa ameerikaa afaan oromoon akkeekkachiisanin bare.

Akkasumallee Fees buukiin guddinaa afaan oromootiif akka inni bu'aa buusemmoo kanan bare gaafa namoonni oromoo ta'an face Book fayyadaman, kristaan Roonaaldoo fi Liyoonee Meesidhaan, koomenti jala deemanii "ilma abba gadaa, jabaakoo, baareedakoo, jarsaakoo, obboleekoo, galchii ati eda galchite immoo natti toleera…" jedhaniidha mesiidhaaf Roonaaldoon Eerga ilman Abbaa gadaa ta'anii maaf Hirrecha dhufuu dhiisanii laata?

Waanan face book kana irraa bare inni kan biraan immoo gaafa filannoo itophiyaa marsaan 6ffaa gaggeeffamu sana qaallittiifi boolee arrabsaan bakka tokko ta'uu isaaniin bare sababnisammoo suura qaamni mootummaa tokko "qaallittii" jedhee post godhe inni tokkommoo "boolee arrabsaa" jedhee maxxansaa ture. Jarri kun lamaan egaa bakkeen kun tokkuma ta'uu isaa ibsanii jiru; garuu osoo abbumti tokko gaafa dhoobu "boolee arrabsaa (qaallittii)" jedheera ta'ee gaarii ture. Isaanis ariitiitti qabamanii haammaattu fayyadamuu dhiisani malee, bakki tokkumadha jechuudhaka!

Waanuma fedheefuu ijolleen keenya hedduun face book banatanii hundi isaanii xiinxaltoota siyaasaa ta'aniiru. Kan na ajaa'ibe mucaan wajjin guddanne kan yunivarsiitii amboo irraa gosa barnootaa accountin dhaan eebbifame gaafan akkuma carraa yaadadhee maqaa isaa face book irra barbaade argadheen waan inni maxxansu ilaaluu deeme. caalattimmoo erga wal garree tureera waan ta'eefan suura isaa ilaaleen yaada "wooow" jedhee kennaaf jedheetan deemee ture garuu, dubbin akkas naaf hin taane. gurbaan xiinxalaa siyaasa ta'ee jira hordoftoota (followers) kuma jaatamii torba qaba. Gurbaan kitaaba 10 fi fiilmii afaan oromoo lama barreesse garuu hordoftoonni isaa dhibba shaniif jaatama qofaa ture.

Anis ajaa'ibsiifadheen osoon yaada suuraaf kennaamu "woow" jedhee hin kenniinan deebi'e. tokkoommoo sirumayyuu raajii na agarsiise. waan akka suuraa kana dhoobeetu bakka yaada kennanitti ofuma isaatiif "yees,……..…..hayyee……..bro…….yes man……yap…" isaan kanaaf kanneen biro kennata.

Fayyummaa dhumti gurbaa kanaan na yaaddessinaanin haalan hordofuu eegale guyyaa kamuu gaafa suura isaa dhoobu namni kamuu isa dursee yaada hin laatu. Akkasika yoo qaroman!

15.Akkam bultee shaakkannee?

Xalayaan siif barreessa

Nagaa irraa jalqabee

Jaalalakeen qabamnaan

Si obsuus nan dadhabe

Bilbila siif bilbiluuf

Sararriikee qabamaa

Dhufee akkan sin dubbisne

Sareen keessan gagamaa

Ani asii gubadhee

Si arguus hin dandeenyee

Waanuma ati taates

An homaa hin dhageenye

Ganamaafi galgala

Guyyaa hundaan si yaada

Foolii sittoo qaamakee

Buna caalan araada

Mana kiraattan gala

Burayyuu biyya ibsaa

Yoon maaluma siif godhe

Garaa kankee si ciibsaa?

Baajaajii dhabaaf malee

Sila sit na kadhata

Abbaan kees kanumaafu

Guyyuun natti kakata

Teelerraa liqeeffadheen

Siif erga kaardii shanii

Ilma dinquu na seetaa?

Harka qalleessa ani

Ati hidhii dibachuuf

Qalama na gaafatta

Qubeessaa barattootaa

Nyaara faarra dibatta

Ani kaalsiyyuu hodheen

Herbisiisee uffadha

Dhugaayyuu yoon dubbadhu

Qarshiidhaanin kakadha

Ati bargarii yaadda

Piizzaafa filtee nyaatta

Foon dimaas hin hawwita

Maali garaatti baattaa?

Ani daabboonan bula

Bishan itti unadhee

Pizza kanas hin beeku

Dur mulluunan guddadhe!

Ani duras nan gowwoome

Sooressatu na gitaa?

Boryoo koobiraa jettee

Eessan fidee siif bitaa?

Jaalalli kankoof kankee

Asumatti haa ga'uu

Nagaatti shaakkanneekoo

Piizzaa bituu hin danda'u

Erga hawwinkee kunii

Ta'ee labsii muddamaa

Osuman si jaaladhuu

Si dhiiseera dirqama

16.Gatii jireenyaa

Akkuma beekamu bara 2013 kana keessaa jireenyi akka malee dabalee akka ture namni dagatu hin jiru. Waanti hundumtuu akka malee dabale; kan osoo hin dabaliin hafe miindaa kiyya qofaa ta'uun ishee immoo akkaan aaree gaaf tokkicha "ifa booda jireenyatu jira" jedhee post godhuuf sababa guddaa naaf ta'e.

Midhaan dheedhii kaasee hanga isa bilchaatee hoteelatti gurguramuutti waanti hin dabaliin hin jiru; gaaf tokko hiriyaankoo tokko foon kiiloon qarshii dhibba torba akka ta'e bilbilee naaf himee ture; anis silaa duruu foon kana akkuman lagadhettan jiraa "maal na galcheree yoo kuma lamayyuu gale?" jennaan natti kolfe. Isa inni kolfemmoo aareetan "an silaa foon kana yeroodhuma inni rakasaayyuu akkuman lagadhettin jiraa, maal na galcheree yoo meeqa ta'eyyuu" -n jedheen

Waantumti gabaa bitamu hundumtuu akka malee dabaluu irraa kan ka'e, namni hundumtuu waan jiruuf waan jireenyaa qofaa mammaakuutti deebi'e. dubbiif afaan saaqqannaan hundumtuu waayee jireenyaa boo'uudhaan eegala. Gurbaan olla keenyaa tokkoo bidden jaalachuu irraa kan ka'e kan suurrii profile bilbila isaallee leemataa ture suniyyuu, jireenya dabale kana keessa haalli itti ulfaannaan nyaata isa dur guyyaatti yoo xiqqaatee torba nyaatee oolu hamma falaasama nyaataa "shan kudha tokko" jedhamu fayyadamuu eegale. Shan kudha tokko gaafa hiikamu cireef laaqanni saatii shan yoo ta'u, irbanniif tursituun immoo saatii kudha tokkodha! Kun afaan falaasama nyaataatiin malee nama hundaaf hin galu.

Waan samsamee gurguraamuu kaasee, hanga waanta kiiloon gurguramuutti hundumtuu gatiin isaa samii tuquuf ka'e bidden

burayyuu inni jeessoo irraa hojjetamu hunda dura dabale. Foon dabalee dhageenyaan ani ijumaan argaa isaan baqadhe. Namni biyya keenyaa inni waggaatti gaafa ayyaana waggaa ayyaana sababeeffachuun foon nyaatuyyuu, afoosha ijaaramanii qircaa qalan gara hiddiriin akaayiif bishaaniin kabajamuutti jijjiirame!

Waanti nuti gatii waggaa har'aatiin bitaa jirru kaardii bilbilaa qofaa taate. isumayyuu gatiin waraqaa waan dabaleef kaardii isa durii sana isa waa irraa luqqisanii guuttatan sana balleessanii kaardii waraqaa fakkaattu kan paantii hin qabne tokko nuuf fidani! Isumayyuu teeleen dhaabbata liqaaf qusannaa tokko hundeessanii, kaardii nuuf liqeessanii gaafa guuttanne immoo ariyanii nurraa fudhatu.

Gaaf tokko qalbii dhabeen kaardii abbaa 25 liqeeffadhee karaa teelee darbuu dhiiseen ture. booda keessa garuu akkuma ta'ettan ofirraa kanfalee turee buleen teelee fuuldura dhaabadheen suura ka'een "narraa kanfalameera" jedheen post godhe daqiiqaa lama booda mucaan hiriyaa kootii kan teelee keessa hojjetu "maaltu argamee?" jedhee yaada naaf kenne!

Isa kana dhiisaatti mee gara jireenyaattan isin deebisaa waanti hunduu daballaan buna sukkara malee eegalle. isayyuu bunni qarshii torba gallaan suuqa f qarqara magaalaa deemnee warra dhiyootti mana bunaa eegalan biraa dhuguu eegalle. Kan nama ajaa'ibu keessaa killeedhumti inni lukkuun biyya keenyatti dhaltullee gatiin isaa ni dabale gaaffii natti uumnaan nama dur lukkuu horsiisu tokko gaafannaan "lukkuu dhaltuun qoricha ittisaa fayyadamuu eegalani" naan jdhe. garuu immoo, an kanattis hin amanne sababni isaa gaafa lukkuun koondomiis haa ta'uu ykn immoo waan akka poostipilii faarmaasii deemtee bitattu argee waanan hin beekneef!

17.Fullee Seetee?

Mallattoo dhukkuba koronaa keessaa tokko hoo'i qaamaa garmalee dabaluudha. Kanammoo meeshaa ittiin hoo'a qaamaa ilaalan addatti nama qabanii, nama ilaalu ogeessoonni fayyaafa. Nuti ijoolleen baadiyyaa gaafa ibidda qaqqaammanne osoo akka carraa buufata fayyaa deemnee silaa battalumatti bakka tursiisaa deemna.

Guyyaa tokkon akkuma carraa wayii taanaan buufata fayyaa nama dhukkubsate gaafachuu deemee bakka boqonnaa keessummootaa taa'aa jira; ogeessi meeshaa ittiin hoo'a qaamaa ilaalan qabatee jiru tokkommoo, balbala mooraa sanaa irra dhaabbatee dhukkubsattootaaf dhukkubsattoo gaafattoota addatti qabee hoo'ina isaanii ilaalaa jira.

Anis taa'een ijaan namoota ol seenaan kana caqasaa jira. osuman taa'ee isa dhukkubsatee yaalaaf dhufuuf isa dhukkubuu didnaan dhukkubsataadhumallee ilaaluuf gara buufata fayyaa sana dhufu ilaaluu, fageenya irrattan dubartii tokko arge. dubartiin kunis kofoo uffattee rifeensa ishee kan shakiraa fakkeeffattee kophee tilmaamaan walakkaa meetiraa ta'u gubbaatti baatee babargaanfachaa dhufte.

Akkuma isheen mooraatti dhiyaatteen namni hundumtuu wal ilaaluu eegale. Kaan waayee shittoo kana haasa'uu eegale. Inni ol fuudhee dubbachuu sodaatemmoo "ufff ubbb" jedha funyaan isaa oliif gadi qabee. Ani mucaan baadiyyaadha torbee lama dura dhufemmoo xirinyiitu fiigaa aachin darbe jedheen gamaaf gamana ilaaluu eegale, osoo xirinyii taatee silaa akkuma baadiyyaan muka cabsadhee faana fiigaa silaa!

Baadiyyaatti nuti shittoo dodirantii waan jedhamu hin beeknu waanti foolii qabu bineensa “xirinyii” jedhamudha waa fooliin funyaan nu rukunnaan akka naannoo sana xirinyiin jirtu yookaan waan foolii qabu kan xirinyiin mukatti haqattu jirutti beekna. Rifeensa keenyas maruudhaaf baala ‘dhoqonuu’ jedhamu fayyadamna jeelii parmiif kkf waan beeknu hin qabnu. Yoo maatiin ayyaana waggaatiif naddii bitanii aarsanimmoo huccuu keenya aara isaa irra qabanna.

Dubartiin ganama shittoon qaama dhiqatte kunAkkuma waajjira fayya geesseen ogeessi fayyaa tokko balbala gubbaa dhaabatee namoota ol seenaan hoo’ina qaama isaanii ilaalaa jira. dubartiin sunis ancaqqee ishee “qac qac” gochaa dhuftee ol seenaa jirti. Ogeessi fayyaa sunis meeshaa ittiin hoo’insa qaamaa safaran sana adda isheetti qabe. hoo’inni ishee sirruma waan ta’eef ‘darbi’ jedhee harkaan akeeke.

Isheenoo sirumaa qaroominni kun rakkoodhaa dhaabattee “hammas naaf dabali” jette. Doktorichis kokkolfaa “maal fuullee mana keetii seetee kan fuuldura dhaabachaa ooltu” jedheen!

Dhugumayyuummoo bar shamarran gaafa fuullee keessatti of ilaalan, of amanuu dadhabu ta’ee fuullee shanarraa shakkii qabu ta’ee hin beeknee itti deddeebi’anii ilaalaa oolu!

Shamarran maaliif akkas fuullee irraa fagaatanii jiraachuu hin dandeenye utuu qoratamee waan seexani duuba jirtu fakkata. Sababni isaas akkuma seexanni qaaman hin mullanne garuu fakkatti qabdu namni fuullee keessatti of ilaalullee akkanuma. Kanumaaf iyyuu seexanni shamarran dura fuullee harkistee deemtee isaan qorti!

18.Qubeef Yuunvarsiitii

Akkuma beektan kana bara kana keessa yuunivarsiitiin bakka hundaatti banamee jira; kan dhaqee shiroo tolaa nyaachaa itti baratee bahus akkasuma lakkoofsaan danuudha. Keessumaa yeroo hammaa kana humni nama baratee baay'eetu jira. Dargaggoof shamarreen hedduun kan kaampaasiidhaa eebbifamanii bahanii mana jiran hanga hin qabani. Namni hedduun baratee haa jiraatu malee bakki hojiif humni nama baratee akka malee wal caala dhibbeentaadhaan gaafa ibsinu humni nama baratee 90% yoo ta'u carraan hojiimmoo isa hafe akka ta'e idaatanii hir'istanii bira gahuun waan isinitti ulfaatu miti.

Kan baratee mana warraasaa taa'aa oolummoo, osoo duuba deebinee ilaallee waanuma raajii agarra. Nama nuti "hin baranne" jennee yaannu hedduutu waggaa kudhan dura kaampaasii bahee mana jira. Kan warri waa qabanimmoo manuma warraa soofaa dhiphisee ta'aa oola tarii, akkuma soofaa irratti hin biqilleef jecha warri gara dumkanaatti erganiillee waa bitee gala.

Hundaafuu namni baratee hedduu ta'uun isiniif ibsuudhaaf hanga kana osoon hin dhahamiin wace. Osuma haasofnuummoo keessumaa namni gosa barnootaa 'Accounting' barate dachee kana dhuunfachuudhaaf jira; gara biyya keenyaa kanammoo osoo lakkaa'amanii namni Accoounting barateef namni dabtara qusannaa banateyyuu walitti hin dhufu; inni Accounting barate isa dabtara qusannaa banatee caalee waan jirudha. tarii yoo lakkooftaniittu ta'eef immoo "sobduu" naan hin jedhiinaa; anis mirga waa tilmaamuukoo fayyadameetan kana dubbadhee!

Tole egaamee kara yuunivarsiitiittan isin deebisaatii ilmi namaa hedduun ogummaa hedduu kanneen dachee kanarra jiran akkuma

qaphxii isaatti baratee bahee wayyaa gurraacha uffatee mataatti waan saayinaa irratti burayyuudhaa faffatoo foonii nyaannuu kana gombifatee suura ka'a. akkasumallee bakka suura isaa jalatti waan akka mammaaksaaf waan akka falaasamaa kanas barreeffata inni kaan siyaasa inni kaan amantaa inni kaan ogummaa isaa karaa sana sarara tokkoon ibsata.

Warren kaampaasiidhaa bahanii waa barreeffatanii bakka suura isaanii jala kaawwatan hedduun isaanii afaan oromoo ni dubbatu garuu barreessuu isaatti kiristaanadha! Inumaayyuu kan yeroo darbe eebbifamte tokko ani yaada gorsaattan waa isheetti himee ture. Innis waan isheen Face book irratti katabde tokko argeen hubadhee ilaale.

Suuraa eebbaa maxxansiteetti. gubbaa isaattimmoo *"C tuu naa dabaarse Cf maluumman jeedha"* jettee katabdeetti. Kan jecha ishee osoo hin taane dubbii 'C' sanatu naaf galuu dide hangan dictionary oxford irrallee barbaaduttan gahe. hundaafuu anis bilbila sumsung j3 tokkon qaba. akkuma nama kamuu Face Book banadheera sinitti hin himne malee mucattii kana firoomfadheen sana booda itti hasa'uu eegale. Jalqaba anatu katabeef

"Hay"

"Hy"

"Akkam jirta?"

"Ng"

"yee maal jette?"

"ng kotii"

“Baga gammaddeka eebbifamuukee Face Book irraan arge”

“10Q”

“Garuu waa si gaafadhuu?”

“ey”

“Isa suura eebbakee fana maxxansitetu naaf dubbifamuu dideem”

“Dubisu hiin bektu tnn dhisii”

“Maal jette?”

“C ti himmeerra” wayyooka ‘C’ sana hammas dabaltee naaf katabde. anis ittuma fufeen gaafachuu eegale.

“Maal jechuu akka yaadde naaf hin galleem”

“ situu naa dabbarsee sif malluman jedha?”

“Situ na dabarsee siif maaluman jedhaa?” jechuu barbaaddee?

“Ey”

“Maaf qubee guuttee barreessuu didderee”

“Mal rakate wayyeko?”

“homaa hin Rakkanne garuu hanga beeksisni bahutti osoo kutaa tokko galtee, qubee seeraan barattee gaariidha haadhookoo kanan sitti himuu barbaadeem”

Block ta’uuko agarraanin Haasaakoo Adda kute!

Hamma dhumaatti waan dubbistaniif guddaa Galatoomaa!

Horaa bulaa deebanaa!

Xummurameera!

*****